# Rabbiin  Dhugaa  Eenyu?

(Deebii  Macaafa  Qulqulluu  fi Qur'aana

Kabajamaa  Bu'ura  Godhatate)

Qopheessaan: Umar  Arsii

Waxabajjii, 2023

Shaashamannee

## Baafata

Mata Duree Fuula

Seensa……………………………………………………………1

Rabbiin Dhugaa Kakuu Haaraa Keessatti…………….3

Rabbiin Dhugaa Kakuu Moofaa Keessatti……………9

Rabbiin Dhugaa Qur''aana Kabajamaa

Keessatti………………………………………………………….12

Dhugumaan Yesus Fannifameera ?............................16

Goolabbii Ergichaa…………………………………………….19

# Seensa

# Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa

# Akkaan Rahmata Godhaa Ta'eetiin

Duraan dursee Uumaa koo Isa ergaa tana akkan qopheessu na dandeessiseen galatoonfadha Macaafni Qulqulluu fi Qur'aanni Kabajamaan madda tokko irraa kan waraabaman ta'uusaaniitiif ragaan isaa ergaaleen walfakkaattiinsa qaban Kitaabilee qulqullaa'ota lachuu keessatti argamuu isaaniiti. Kitaabilee qulqullaa'ota lachuu keessatti argamuu isaaniitti. Kitaabileen ilmaan namaatiif daandii qajeelloo akka akeekaniif jecha gabbaramaa Jabaa keenya irraa ergaman qajeelfamoota Rabbiitin malee kanneen tasa bu'anii miti. dhugaa dha; Qur'aanni kabajamaa qajeelfama Muslimootaa ta'uun isaa dhimma shakkisiisaa miti. Haa ta'u malee , ergaa kana keessatti wanti keessummaa ta'uu danda'u yoo jiraate , Macaafni Qulqulliin faayidaan isaa kan gama ragaa Kiristaanootaa irra Muslimootaafi osoo jedhamee wanta dhugaa irraa fagaatee miti.

Fakkeenyaaf Macaafni Qulqulluun gooftummaa Yesus Kan hin fudhanne yoo ta''e, Yesusin ilma namaa jedhee kan waamu yoo ta''e, yesus Raajii (Nabiyyi) lammiilee isaa kanneen

Israa’’eelootaaf qofa kan ergame jedhee yoo labsee fi fannifamuu dhabuu Yesusii yomuu mirkaneesse, inni sababaa guddaa Qur’’aana kabajamaa irraa addaan itti jiru waan hin qabneef qabeenya raga Muslimootaa ta’’uu ni danda’’a.

Jecha Rabbiin ta’’uu Qur’’aanaa kabajamaa fi Macaafa Qulqulluu ilaalchisee Gabbaramaan keenya Jabaan Allaahaan jecha Isaa kabajamaa kitaableen Ququlloonni lachuu ifnanaa fi qajeelfama ta’’uu Isaanii keewwattoota armaan gadiitii ni ibsa.

1/ ’’Dhugumatti, Nuti Tawraatiin kan ishee keessaa Qajeelfamaa fi ifaan jiru taatee buufnee jirra.’’ (AL-Maa’’idaa 5:44)

2/ ’’faana isaanii irrati lisaa ilma Maryam haala dhugeessaa waan isaan duraa Tawraat irraa ta’’eetiin hordofsiifne. Injiiliinis kan isa keessa qajeelfamni ifti jiru, dhugoomsaa waan isaan duraa Tawraata irraa ta’’ee fi (Rabbi) sodaattootaaf qajeelfamaa fi gorsaa haala ta’’een isaaf kennine.’’(AL-Maa’’idaa 5:46)

3/’’Nuti kitaaba irraa waan isa duraatiif dhugoomsaafi Isa irrattis tiksaa ta’’ee Qur’’aana gara keetti

buufneerra.'' (AL-Maa''idaa5:48)

Kanuma wajjiin walqabatee Qur''aanni Kabajamaan Inni Kitaaba Qulqulluu Muslimootaa ta''e abbootii Macaafa Qulqulluutiif waamicha itti aanu kana dhiheesaaf:

''Yaa warra kitaabaa! Ergamaan keenya kan irraa hedduu Kitaabaa iraa waan isin dhoksaa turtan isinii ibsuufi baay'ee isaa immoo dhiifamaan irra isiniif darbu Isinitti dhufeera. Dhugumatti, iftii fi kitaabni ifa ta''e Rabbi irraa isiniif dhufeera.''(AL-Maa''idaa5:15)

## Rabbiin Dhugaa Kakuu Haaraa Keessatti

1/ ''Yesus yeroo sanatti, ,,Yaa abbaa, gooftaa waaqaatii fi lafaa,..''' (Wangeela Maatewos 11:25). Tari immoo falmiin ,,yesus yoo Gooftaa ta''uu baates Ilma Rabbii ti'' jedhu ka''uu ni danda''a. Kanaafis Macaafni Qulqulluun akkana jechuun deebii kenna:''Ani abbaa kootii fi abbaa keessaniitti, gara Waqayyoo kootiif fi Waaayyoo keessaniitti ol nan ba''a.''(Wangeela Yohannis 20:17). Akkasuma '' lafa irratti nama

Tokko akka abbaatti hin waamatinaa! Abbaan Keessanoo tokko, innis isa waaqa irraati.'' (Wangeela Maatewos23:9)

Kanaafuu, barsiisa Yesus irratti hundaa''uudhaan Rabbinn abbaa isaa qofa osoo hin taane dhala ilmaan namaa hundaaf abbaa dha. Dubbiiwwan ijoon kana Irraa barannus:

a/ Gooftaan Waaqaa fi lafa Yesusin akka hin taane,

b/ Uumaan abbaa fi gabbaramaa Yesus akkuma ta''e hundaa nu''iifis abbaa fi Rabbiin keenya ta''uu issaati.

2/ Maarree gaafIi ''Yesus maal ta''uu qaba?'' jechuuf deebiin isaa ilmaa namaaati fi nabiyyii (raajii) cimaadha Kan jedhu ta''a.

a/ ''Waaqayyo tokkicha inni gidduu dhaabatee Rabbiin fi nama walitti fidus tokkicha; inni immoo Kiristos Yesus isa nama ta''ee mil''atee dha.'' (1 Gara Ximotews 2:5)

b/ ''… Waa''ee Yesus nama Naazireet, isa gochatti dubbiittis Rabbii fi namoota durattii raajii aango-qabeessa ture sana.'' (Waageela Luqaas 24:19)

c/ ''Ilmi namaa yommuu dhufe, ni nyaata; ni dhugas; …''(Wangeela Luqaas 7:34)

d/ ''… Ani warra akka hoolotaa karaa irraa goranii

mana Israa''eelii badan duwwaaf malee hin ergamne.''(Maatewos 15:24)

3/ Dhugummatti, Yesusii fi Rabbiin wal qixaa? Walqixaa miti!''… Utuu na Jaallattu taatanii, waanan gara abba dhaquuf ni gammaddu turan; abbaan na caala''0.''(Wangeela Yohannis14:28)

4/ Barsiisa Yesus irratti hundaa''uudhaan Rabbiinn Dhugaa Enyu?

a/''Si Waaqayyo isa tokkicha, isaa dhugaa, Yesus Kiristosin isa ati ergites beekuun isaanii jireenya bara baraati.''(Wangeela Yohannis17:3)

b/ ''Ani gara abba kootii fi abbaa keessantiiti, gara Waaqayyo kootii fi Waaqayyo keessaniitti ol nan ba''a'' jedhii isaanitti anaaf himi!'' (Wangeela Yohannis 20:17)

c/''Ani human kootiin homaa gochuu hin danda''u; Abbaa koo irraa akkan dhaga''etti nan farada; …'' (Wangeela Yohannis 5:30)

d/''… OffIin hin dhufne; inni ana erga ni jira; inni amanamaa dha; isin immoo isa hin beektan.'' (Wangeela Yohannis 7:28)

5/ Isaannan Yesusiin ''Yaa Gooftaa!''

Jedhaniin eessa seenu hedu? ''… Jaalala abbaa koo isa Waaqa irraa nama hojjetutu mootummaa waaqaatti gala malee namni, ,, Yaa gooftaaa, yaa gooftaa''naan jechu duwwaadhaan itti gala mitti. '' (Wangeela Maatewos 7:21)

6/Ajajoota keessaa isiin duraa tamii? –''…Dhagaa''i, yaa Israa''eel! Gooftichi Waaqayyoon keenya kophaa isaa Gooftaa dha.'' (Maarqos 12:29)

7/ Miseensonni Sillaasee sadeenuu aangoo walqixaa hin qabanu. Osoo aangoo walqixaa ni qabaatuu turee, silaa sadeenuu guyyaa fi sa''aatti dhumaa ni beekuu ture. ''… Guyyicha sanaa fi yericha sana garuu abbaa koo duwwaatu beeka malee, ergamoonni waaqa irraa, ilmsi, nanni tokko illees kana hin beeku.'' (Wangeela Maatewos 24:36). Miseensoonni lamaan Sillaasee hafan maaliif beekuudhaban?

8/ ''Yommus Yesus immoo, ,,seexana nana, argaa koo dura tari! ,,Waaqayyo kee gooftichaaf jilbeenfatte Sagadi; isa duwwaafis hojjedhu!'' kan jedhe caafameera'' jedheen.'' (Wangeela Maatewos 4:10)

9/ ''… Waaqayyo mataa Kiristos ta''uu isaa akka

beektan nan barbaada.''(1 Qorontos 11:3)

10/ '' Abbaan koo inni anatti isaan kenne, hundumaa

Irra guddaa dha.'' ( Waangela Yohannis 10:29)

11/ ''Nuufi garuu Waaqayyoo tokkichatu jira.'' (1 Gara

Wara Qorontos 8:6). ilama fi hafuurri qulqulluu

hoo Rabbiin miti?

12/'' Waaqayyo duwwaatu hin du''u; inni ifa homtinuu

Itti dhihaachuu hin dandeenye keessa ni jiraata; namni

tokko isa hin argine; isa arguus hin danda''u.''(1

Gara Ximotewos 6:16). Kanaafuu, Yesus namootaan

argamera waan ta''eef akka isaan jedhantti du''eraa Rabbii miti.

13/ Yesus matumti isaatuu Rabbiin dhugaa akka

Gabbaru haa ilaalu: '' wanti hundinuu ilma Rabbiin

jala yommuu galfamu, ilmi immoo ofIi isaatii,

Waaqayyo isaa waan hundumaa miilla isaa jala galche

jala ni gala.''(1 Gara Warra Qorontos15:28)

14/ ''Mootii bara baraa isa hin dune, isa ijaa hin

argamne, Waaqayyo tokkicha sanaaf baruma baraan

ulfinnii fi guddinni haa ta''u! Ameen.'' (1 Gara

Ximotewos 1:17)

15/ Akka Kiristaanooni jedhanitti Abbaan, Ilmaa fi Hafuurri Ququlluun aangoo Waaqayyummaa kan Walqixaa qabu. Keessattuu, guyyaa murti dhumaatti Yesus murtiif ni dhufa jedhu .Macaafni Qulqulluun garuu yaada kana hin deeggaru Yesus illee Uumaa Jabaa Wajjiin aangoo Waytuu hin abboomu

a/ Abbaan Yesusiin akka caalu armaan olitti (Yohannis 14:28) irratti ilaallee jirra.

b/ ilmi mataa ofi irraa homaa godhuu hin danda''u –(Yohannis 5:14)

c/ Yesus warroota ''Yaa Gooftaa! Yaa Gooftaa!'' isaan jedhaniin irratti finciltoota jedhe akka irratti rageessu armaan olitti Ilaallee jirra –(Maat. 7:21-23). Kanaafuu, Yesus raga bahaadha malee murtii keennaa akka hin taane hubanna.

d/ Guyyaa xumuraa mootummaa Abbaaf dabarsee akka kennu (1 Gara Warra Qorontos 15:22-24) .

# Rabbiin Dhugaa Kakuu Moofaa Keessatti

1/ ‘’Ani Rabbiin dha; ana malee Waaqayyo kan biraa Hin jiru; kan akka kootis hin jiru.’’ (Isaayaas 46:9)

2/ ‘’… Ani dura Waaqayyo kan biraa hin turre; ana boodees Waaqayyo kan biraa hin jiraatu. Ana duwwaatu Rabbiin dha Ana malee fayyisaan kan biraa hin jiru,’’ (Isaayaas 43:10-11). Amantiin Kiristaanoota kan ‘’Yesus nu fayyisa’’ jedhu Keewwatta kana irraa ka’’uudhaan fudhatama hin qabu.

3/ ‘’… Ani isa jalqabati ; isa dhumaa tis; ana malee Waaqayyo kan biraa hin jiru.’’ (Isaayaas 44:6)

4/ ‘’… Ani Waaqayyo isa wanta hundumaa uume, Bantiiwwan waaqaa kophaa diriisee lafas dhisee dha Yimmus eenyutu anaa wajjiin ture?’’(Isaayaas 44:24)

5/ ‘’Ana malee Waaqayyo kan biraa jira ree? Anoo Kanan hin beekne hin jiru.’’(Isaayaas 44:8)

6/’’Ana malee Waaqayyo kan biraa hin jiru; Waaqayyo Inni qaleelaanii fi inni fayyisaan ana malee hin jiru….Gara koottis deebi’’aatii fayyina argadha! Ani Rabbiidha; ana malees kan biraa hin jiru; jilbi hundinuu anaaf akka jilibinfatu, arrabni hundinuu anaan akka kakatu, … ani maqaa ofi kootiin kakadheera.’’ (Isaayaas 45:21-23). Akkasumas’’ Egaa

waa’’ee kanaaf jilbinfadhee abbaa nan kadhaa ‘’(2

Gara Waarra Efesoon 3:14) ilaala.

7/Kiristaanoonni Tokkochumaa Uumaa kan Kakuu Moofaa

keessa jiru irraa cemphaniif Seerri Kakuu Moofaa

shaarrameera jechuudhaan. Garuu Yesus akkana jedheera:

‘’Seeraa fi barsiisa rajotaa diiguudhaaf waan dhufe hin

se’’inaa; ani isaan raawwachuudhaafan dhufe malee,

diiguudhaaf hin dhufne. Ani dhuguman isintti hima

hamma waaqnii fi lafti badanitti seerichi keessa fidalli

xinnaan tokko yookiis gar

tokkoon fidalaa osoo fixaan hin bahin hin badu kanaafis

inni abboommota hundumaa irraa xinnaatan keessaa

tokko diige, diigamuu isaas namoota barsiisu

mootummaa waaqaa keessatti isa hundumaa irra xinnaatu

ni jedhama; namni abboommota kana eegee barsiisu

garuu mootummaa waaqaa keessatti guddaa ni jedhama.’’

(Maatewos 5:17-19). Kanaafuu, seerri Kakuu Moofaa

yoomilee hin shaaramu. Kanaafidha Qur’aanni

Kabajamaa kan dhugoomsaa isaa ta’’ee kan bu’’eef.

8/Kiristaanoonni yoo barsiisan Abbaan, Ilmaa fi hafuurri

Ququlluu sadihis; tokkoodhas jdhu. Gaafli akkamitti jedhauuf deebii yommuu kennan Iccittiin

Sillaasee namaafi hin galu jedhu. Macaafni Qulqulluun

Immo keewwattoota itti aanaaniin akka Rabbiin

Iccitawwan hin jiree saaxila.

a/''…Ani Rabbiin dha;ana malee kan bira hin jiru.Ani

lafa irratti, iddoo dukkanaatti dhoksaatti hin dubbanne.''

b/ Yesus immoo yommuu dubbatu: ''Egaa issaan hin

sodaatinaa! Waan haguugamee jiru hundinuu ni

mul''ifama; waan dhoksaatti eegamaa jirus ni

beeksifama.'' (Maatewos 10:26)

c/ ''Namni raajii tokko raajii ta''uu isaatiif sime, gatii

raagii tokko ni argata.'' (Maatewos 10:41). Kanaafuu

nabiyyii ykn raajii tokko vabiyyummmaa isaatiin olitti

isa ol fuudhuudhaan Uumaa wajjiin isa gabbaruun gatii

nabiyyii nama dhabsiisa jechuu dha

9/ ''…Mee dhimma keessan dhi''eeffadha! Wanta

Ittiin falmattanis himadhaa.''(Isaayaas 41:21)

10/ ''Yaa saba koo! Warri si geggeessan karaa irraa irraa si

Kaachisanriiru; daandii qajeelaa irraas si gorsiisaniruu.''

(Isaayaas3:12)

11/ ''Sabni koo kara ittiin na beeku waan dhabeef

Balleeffame.'' (Hose''aa 4:6)

12/ ''…Ani Rabbiin dha malee nama mitti; ani isa

Qulqulluu si gidduu jiruu dha; ani ija aariitiin hin

dhufu.'' (Hose''aa 11:9). Amantiin ''Yesus nama

ququlluudha; ammas Rabbiin ququlluu'' jedhu
bu''uura keewwata kanaatiin fudhatama hin qabu;
maaliif yoo jedhame Waaqayyo namaa mitti
waanta''eef.

13/''Ani Waaqayyo, gooftaa kee isa mana garbummaa
Biyya Gibxii keessaa si baasee dha,'' (keessa
Deebii5:6-7)

## Rabbiin Dhugaa Qur'aana

## Kabajamaa Keessatti

1/ '' Isaan'' Rabbiin Masiih Ilma Maryami'' jedhan
Dhugumatti kafaranii jiru. Masiihins ni jedhe
''Yaa Ilmaan Israa''iil! Rabbii Gooftaa kiyyaa fi
Gooftaa keessan ta''e gabbaraa. Dhugumatti, dubbiin
Namni Rabbitti waa qindeessee, Rabbiin isa irratti
Jannata haraama taasisee, Teessoon isaas ibidda.
Miidhaa raawwattootaafis tumsitoonni hin jiranu.'''
(AL- Maa''idaa 5:72). Kanas ergaa Waangela Yoh.
20:17 irra jiruu wajjiin wal bira haaqabnu

2/ ''Wanti samiiwwanii fi dachii keessa jiru hundi
Rabbiin qulqulleesse. Inni ijifataa, Ogeessa.
Mootumaan samiiwwanii fi dachii kan Isaa. Inni ni

Jiraachiisa; ni ajjeesas. Inni waan hundu irratti danda’’aa dha. Inni duruma jira; kan boodaatis; mul’’ataadha; dhokataas (argaa dha); Inni waan hunda beekaa dha.’’ (AL-Hadiid 57:1-3). Kakuu Moofaa keessatti keewwanni kana wajjiin walfakkaatu ni jira: ‘’Waaqayyo anuma; ana malee Waaqayyo kan bira hin Jiru; ani nan ajjeesa; ani nan jiraachisas; ani nan Madeessa; ani nan fayyisas; homtinu harka koo Keessaa baasuu kan danda’u hin jiru.’’ (Keessa Deebii 32:39)

3/ ‘’Isaan’’Rabbiin sadaffaa sadeeniiti’’ jedhanis dhudumatti kafaraniiru. Gabbaramaa tokkicha malee haqaaan gabbaramaan biraa hin jiru. Yoo waan jedhan kana irraa hin dhorgamin, dhugumatti warra isaan irraa kafaran adaba laalessa ta’’etu tuqa.’’(AL-Maa’’idaa5:73)

4/ ‘’Rabbis ,,Gabbaramoota lama hin godhatinaa Dhugumatti Inni Gooftaa tokko qofa. Anuma qofa Sodaadha’’ jedhe.’’ (An-Nah116:51)

5/ ‘’ Masiih Ilma Maryam ergamaa isa dura ergamoonni Darban malee homaa mitti. Haati isaas akkaan dhugoomsituu dha. Lamaanuu nyaata kan nyaatan turan. Akkamitti akka keeyyattoota ifa isaaniif taasfinu ilaali.

Ergasiis akkamitti akka isaan (dhugaa irraa) garagalan Ilaali.'' (AL-Maa''idaa 5:75)

6/ ''Yaa abbootii kitaabaa! Amantii keessan keessatti daangaa hin dabinaa; Rabbi irrattis dhugaa malee hin haasa''inaa. Ilmi Maryam, Masiih, Iisaan ergamaa Rabbiitti; jecha Isaa (ta''I jedhu) kan Inni gara Maryam darbee dha. Ruuhi (Uumaa) isaa irraa ta''ee dha. Rabbii fi ergamtoota Isaattis amanaa. ,,Rabbiin sadihi'' hin jedhinas. Isarraa dhorgamaa; isiniif caalaa (ta''aa). Rabbiin dhugaan gabbaramaa tokkicha qofa. Inni ilmi Isaaf ta''uu irraa ququllaa''e. Wantoonni samii keessaa fi Wantoonni dachi keessaa kan Isaati. HirkoodhaafIs Rabbiin qofti ga''aa dha.'' (An-Nisaa''i4:17)

7/ ''Warra kitaabaatiin falmii gaariin malee hin falminaa Isaa irraa warri miidhaa dalgan odoo hafanuu. Nutis ,,Isa Gara keenyatti buufamee fi gara keessanittis buufametti amanneerra. Gabbaramaan keenyaafI gabbaramaan keessanis tokko. Nutis isaaf ajajamoodha'' jedhaa.'' (AL-Ankabuut 29:46)

8/ ''Jedhi: ,,Inni Allaaha dha; tokkicha. Allaahaan of danda''aaa hirkoo waa hundaati. Hin dhalle; hin dhalannes. Hiriyyaan tokkos Isaaf hin taane.''

(AL-Ikhlaas112:1-4)

9/ ''…Sila gabbaramaan biraa Allaaha wajjiin ni jiraa? Yoo kan dhugaa dubbattan taataniif raga keessaa fidadhaa'' jedhi.'' (An-Naml 27:64). Kun armaa olotti (Isaayaas 41:21) irratti kan tuqame wajjiintokkoma

10/ ''Yeroo Rabbii ,, Yaa Iisaa Ilma Maryama! Sila situ namootaan anaa fI haadha tiyya Rabbii gaditti gabbaramaa lama taasifadhaa jedhee?'' jedhu (yaadadhu). (Innis) ni jedhe:,, Ati qulqulloofte! Ani waan dhugaa naaf hin taane jechuun anaafi hin ta''u. Yoo ani isa jedheera ta''eef, Ati dhugumatti isa barteetta. Waan lubbu kiyya keessaa ni beekta. Ani waan nafsii kee keessaa hin beeku. Dhugumatti, Ati akkaan beekaa waan fagooti.

Waan Ati itti na ajajje

,,Rabbiin, Gooftaa kiyyaa fi goofta keessan gabbaraa'' jechuu malee waan biraa isaaniin hin jenne. Hangan isaan keessa turetti isaan irratti ragaan ture Eerga ol nafuutee booda Ati isaan irraatti tiksaa turte. Ati Waan hunda irratti raga dha. ''(ALMaa''idaa 5:116-117)

# Dhugumaan Yusus Fannifeera?

Dhimi gaafIi kanaaf ka''uumsa ta''u Macaafa

Qulqulluu Moofaa as dhiheenya kana Turkiin keesssati

argamee dha. Macaafni kunis yesus ossoo hin

fannifamiin lubbuudhaan gara samii akka ol

fuudhamee fi bakka isaatti Yihudaan fannifamuu isaa

mirkaneessa. Gaafii kitaabni kun ammaan tana eessatti

argama jedhuuf immoo isin yoo nama afaan Ingiliffaan

dubbistan taatan harkuma keessan keesatti argama isin

jenna. Akkami

''1500 years old Bible confirms that Jesus was not crucified

Vatican in awe.'' Jettanii barreessuudhaan

''Goolge'' seenaatii mirkaneeffadha. Sanaan booda

Immoo keewwattoota Qur''aana Kabajamaa armaan

Gadii kanniin qalbeeffannaan qoradhaa:

''Ammas waan isaan ,,Nuti Masiih Isaa ilma Maryam,

Ergamaa Rabbii, ajjeefnee jirra'' jedhaniif (isaan

abaarre). Isaaniitti fakkeeffame malee isa hin ajjeefne;

hin fannisnes . Dhugumatti, isaan isa keessatti wal

dhaban isa irra shakkii keessa jiru. Yaada hordofuu

malee isa irratti beekumsa homaatuu hin qaban.

Qabatamaatti isa hin ajjeefne. Dhugumatti, Rabbiin

gara Isaatti ol isa fuudhe. Rabbiinis injifataa, ogeessa

ta’’eera (An- Nisaa’’I 4:157-158)

Dhugumatti isaan isa keessatti waldhaban isa irra shakkii keessa jiru kan Qu’raana keessatti jedhu ka

Kitaaba kana keessatti fuula 16 irratti ibasame macaafa qulqulluudha akka asii gaditti ni mirkanaaya.

Shakkii 1ffaa sa’aatii fannoo Maarqoos 15:25 Sa’aatii 3:00tti Yohaansi 19:14 6:00tti Maatiwos 27:46 9:00tti

Shakki 2ffaan Yasuusa yoo qabamu Maatiwos 26:47-50 Yihuudaan dhungattee qabsiise

Yohaansu 18:3-9 Yasuus ufumaa itti gadi bayee ufi qabsiise

Shakkii 3ffa du’ee ka’e kan jedhamu Maatiwos 28:3-7 Maala’icha 1 dhagaa irraa taa’e Yasuus Galiilaa

deemeera jedhama. Maarqoos 16:5-6 dargageessa 1 boolla keessatti argan luqaas 24:3-5 namoota 2

argan Yohaanis 20:11-18 malaa’ikoota 2 boolla keessatti argaman Yasuus achumatti boolla biratti

argame inni Maatiwos keessati Galiilaatti deemee dhaban amma Yohaanis boolla birratti argan jedhe

Shakkiin 4ffaa Maatiwos 12 :40 ilmi nama halkan 3 fi guyyaa 3 boolla keessa ture kan jedhu namni

Jimaata galgala awwaalame Dilbata ganama boollaa keessaa dhabame halkan 2 fi guyyaa 1 qofa

Shakkiin 5ffaa Yihuudaan ufi rarraase moo Maatiwos 27:3-5 addaan lafa dhayee du’e akka hojii

ergamtootaa 1:5-18 Qarshii mana Qulqullumatti gate moo lafaan bitate

Bakka Yesus Yihaadatu fannifame kan jedhu Macaafa

Qulqulluu amma jiru keessattis eerama qaba

1/ ‘’Yihudaan kana irratti meeticha mana ququllummaa

Keessatti darbatee gatee, qachii adeeme, dhaqes of

rarraase. ‘’ (Maatewos 27:5)

2/ ‘’ Namichi kun, hori isa hojii jal ‘’inaa hojjetee argate Senaan lafa bitate; ofi isaa mataadhaan kufee tarsa’’e, Mar’’umaan isaas bakkee guute. ‘’ (Hojii Ergamtootaa 1:18). Duuti Yihudaa inni sirriidhaa kami? Dhuunfaan Tokko akkaataa du’’aa gosa lamaa du’’uu ni danda’’aa?

3/Yesus waa’’ee namicha kanaa maal jedhe?

a/ ‘’Ilmai namaa illee akkuma waa’’ee isaaf caafametti du’uuf ni dhaqa; garuu namicha ilmi nama harka isaatiin dabarfamee kennamu sanaaf wayyoo! Namichi sun utuu hin dhalanne ta’’ee ni wayyaaf ture.’’ (Maatewos 26:24) Asiratti mee Macaafa Afaan Amaaraa Fi Oromoo walbira haa qabnu <<የሰዉ ልጀሰ /እየሱስ/ ስለ እርሱ እንደተፃፈ ይሄደል።...(ማቴ 28፡21-24)

Kan Afaan Amaaraa irrati ‘ni adeema’ jedha malee ni Oromo ‘ ni du’uuf ni dhaqa’kan jedhu eessaa fidee?

b/’’ Ammas Yesus, ,,Ani nan adeema;isin ana barbaaduuf jirtu; iddoo ani dhaqus dhufuu hin dandeessan; kanaaf cubbuu keessaniin ni duutu’’ jedhee isaaniitti dubbate (Yoh.8:21)

Keewwattoonni lamaan armaan olitti tuqaman Yihudaan Bakka Yesus akka du’’u eeru

c/macaafa Ququulluu Turkiiti argamee fi Qur’’aanaa

Kabajamaa dabalatee, Macaafni Ququlluun kamuu

Yesus akka hin fannifamindubbata

i/ ''Yesus biyya lafaa kana irra yeroo jiraachaa turtti

sagalee guddaadhaan immimaaniin,kadhataa fi waamata

gara isadu''isadu'' aisaoolchuudanda''uuttidhi''eesse; sababii

inni ulfina Rabbiinf gad of deebisee, isatti of

kennateefis, kadhaanni isaa ni dhaga''ameef.'' (Gara

Ibrootaa5:7)

ii/ '' Seexanichi immoo Yerusaalemitti isa geessee, fittee

guutuu mana qulqullummaa irra isa dhaabachiisee

,,Dhugumaan ilma Rabbiin yoo taate as irraa gadof

Darbadhu! Dhimmanii akka si eeganiif ergamtoota isaa

siif ni abbbooma; isaanis miili kee dhagaatti akka hin

buunetti harka isaanii iiiratti si baatu'' kan jedhu

caafameera'' jedheen.''(Luqaas 4:10-11).Kiristaanootaa

manna Seexaanni raajiin Macaafa Ququlluu akka

Yesusiif bareeffame ni beekaa?

iii/ ''Waan hamaan sitti hin bu''u; dha''ichis mana mana keeti

hin dhi''aatu. Karaa ati adeemtu hundumaatti, akka si

eeganiif ergamtoota isaa siif ni abbooma; miili kee

dhagaatti akka hin buuneef, isaan harka irratti si baatu.''

(Faarfannaa 91:10-16. Raajiin kun Yesus kan himame ta''uuisaa Seexaanni yoo dubbatu nama hin dinquu? Inni Kunis ergaa Qur''aana Kabajamaa kan Rabbiin gara Ofitii isa ol fuudhe jedhu wajjiin kan walsimatuudha

## Goolabbii Ergichaa

Iccitiin sillaasee bifa amma jiru kana qabatee Waaqeffatamuuf kan gahe Yaa''ii Niqiyaa kan bara 325ti fi Yaa''ii Qonsixinxiniya kan bara 381 booda akka ta''e galmeewwan Bataskaanootaati fi seenaaleen addunyaa ni qaabachiisi. Yeroowwanii fi iddoowwan yaa''leen kunniin itti addeemsifamanii fi hirmaattota yaa''illanii dabalatee tarreessuudhaan nuuf seensessu. ''karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira; dhumni isa garuu gara du''aa ti,'' (Fakkeenya 16:25) jedhameera waan ta''eef gara amantii durii haadeebinuu.

1/ Hirmaatoonni Yaa''ii Niqiyaa ajandaa Ariiyos kan ''Kiristos Rabbiin miti'' jedhu irratti wal falmee ''Gonkumaa Kiristos Waaqayyo ta''u malee hin sarminu!'' jedhanii tumatuudhaan

2/ Yaa''n Qonsixinxios illee akkanuma ''Hafuurri

Qulqulluun Rabbiindha'' jechuun boqate

Miseensa Sillaasee isa tokkollee jedhamee Sagalee tokkoottiin raggaasifame. (Madda: Qaal Hiwot Lakki. 15.1990 irraa kan fudhatame). ''Waaqayyo nama Yaada qajeelaa qabu uume; namoonni immoo yaada baay''ee warra ofi isaaniittii qopeessan duukaa bu''uuni barbaadu.'' (Macaafa Lallabaa 7:29). Maarree mala xaxamaa namoonni tolfatan keessaa inni tokko Iccitii Sillaaseetii miti? Kanaafuu, jechi Sillaasee jedhu kun Isa yaa''iiwwan Niqiyaati fi Qonsixinxiniyaatiin booda oomishame malee macaafa Qulqulluu keessa hin jiru. Seenaa akkaata dhufaatii isaatis Intarneetii irraa beekuun ni danda''ama. ''Origin of Trinity'' jechuudhaan Google irrabarbaadaa.

Waan kana ta''eefs, gaafi ''Rabbiin Dhugaa eenyu?'' jedhuuf deebii kennuudhaaf yaa''iiwwan hafuurawaa kanneen bara 325 fi 381 adeesifaman nu hin barbaachisanu; sababni isaatis Gooftaan keenya Allaahaan raga ifa galaaan Ergamtoota Isaa erguun

Eenyu haqaan gabbaramuu akka qabu nu hubachiiseera waan ta''eef. Ragaan isaatis Macaafa Ququlluu fi Qur''aana Kabajamaa keessatti argama

''Dhugumatti, ergamtoota keenya ragaawwan ifa ta''anniin erginee, kitaabaa fi madaalas akka namoonni haqaan dhaabataniif jecha isaan waliin buufnee jirra.'' (AL-Hadiid 57:25)

3/ ''Namni Isalaamaan alatti amantii barbaade isarraa hin qeebalamu. Aakhiraattis inni warra hoonga''an irraayi.'' (Aala Imaraan 3:85)

Islaamaa jechuun diddaa took malee Uumaa tokkoof Mataa ofi bitamsiisuu ykin Isaaf ajajamuu jechuu dha Muslima jechuun immoo nama mataa isaa Uumaaf bitamsiisee fi isa ajajoota Isaa raawwatee dha. Yesus illee yoo ta''e Rabbiin isaatiif ajajamaa ykn Muslima. Akkanasjedheera:

''…Waa''ee hojii garii maaliif ana gafatta? Isa tokkicha sanatu gaarii dha; jireenya sanatti galuu yoo feete garuu, abboommota eegi.''

(Maatewos 19:17) jedha malee ani siif du''eetiin ati

immoo foonii dhiiga kootiin fayyita hin jenne.

Gooftichi keenya Jabaan Allaahan jecha Isaa

Kabajamaan namootii kitaabaa (Kiristaanootaa fi

Yahuudoota) maraaf affeerrii armaan gadii

Isaaniifdhiheessa:

''Jedhi: ,, Yaa wara kitaabaa! Gara jecha nuufi issin

Gidduutti wal qixa taatee koottaa. (Isheenis) akka

Rabbii malee waan biraa hin gabbarre, Isattis akka

Waa biraa hin qindeessine, garii keenyas garii

Rabbiin alatti gabbaramaa akka hin taasifanne

dha. Yoo isaan (kana irra gara galan ,, Akka nuti

Muslimoota taane raga ba''aa'' jedhaa.'' (Aala

Imraan3:64)

Raawwate

Rabbiin Ol''aane dhugaa dubbate

Goggle Searching

Assgmment